# Ilaalcha waliigalaa Karoora Gochaa Naannoo 2022–23 Flemington

## Paving the Way Forward Argachuu

**KAN BEEKAMTII QABU**

Karoorri kun fedhiiwwan, yaadota, kaayyoowwan jiraattotaa gara **qabxiilee xiyyeeffannoo shanii** fi **gochoota 63** itti qoqqooda, kunis karaa **miiltummaa, maallaqa qabameefi** fi **beeksisaa** hojii irra kan ooludha.

Gochootni karoora kana keessatti ibsaman duubdeebii hawaasaa 2021-22 irratti kan hundaa'anidha.

Tokkoon tokkoo qabxiilee xiyyeeffannoo kana jalatti, karoorichi kanneen armaan gadii ibsa:

- Waa'ee rakkoolee jiraattota mudatee **waan isaan irraa dhageenye**.
- **Waan jiraattonni** akka jijjiiramu **barbaadan**, fedhii fi hawwii isaanii.
- Waan nuti qabxiilee xiyyeeffannoo kanaan **milkeessuu dhimminu**. Isaan kunneen bu'aalee jiraattotaan adda baafamanidha.
- **Akkamittiin akka hojjennu** – Gochootni irratti waliigalle fedhiiwwani kanneen ni furu akkasumas rakkoowwan ijootiif furmaata naannoo keessan jiru hojii irra ni oolchu. Yaadotni kunneen baay'een isaanii jiraattota waliin ta'udhaan kan ijaaramanidha. Gartokkeen gochoota kanneenii Amajjii 2022 keessa dhufuu eegalani. Kaan ammoo ji'oota 12 dhufan keessatti jiraattota, dhaabbilee hawaasaa, mana maree naannoo fi michoota biroo waliin ta'uun ni qophaa'a.

| Qabxii xiyyeeffannoo | Galmoota keenya | Gochaawwan naannoo |
|---|---|---|
| Qunnamtii fi hirmaannaa | • Jiraattotni kenninsa murtoo keessatti hirmaachuudhaaf ofitti amanamummaa caalu qabu<br>• Jiraattotni murtoowwan ijoo kanneen mana isaanii, ollaa fi tajaajiloota isaanii irratti dhiibbaa fiduu danda'an keessatti ni hirmaatu<br>• Jiraattonni rakkoowwan fi dhiibbaalee ifatti argan furuu keessatti ni hirmaatu | • Garee gochaa jiraattotaa bu'ureessuu<br>• Moodeloota kenniinsa murtee jiraattotaa winineessuu keessatti hirmaachuu<br>• Akkaataa mootummaan hojii isaa itti hojjetu irratti kutaalee barnootaa jiran<br>• Karaalee qunnamtii haarawoo<br>• Gaheewwan hogganaa manneenii beeksisuu<br>• Leenjii kennaawwan maallaqaa, hoggansaa fi bulchiinsa hawaasaa<br>• Hirmaannaa kaawonsili naannoo<br>• Ijaarsa hoggansa dargaggootaa<br>• Gorsa jiraattotaa fi qooda fudhattoota gidduutti taasifamu<br>• Waltajjii haasaa dargaggootaa<br>• Saanduqa duubdeebii fi yaadaa |

Victoria State Government | Families, Fairness and Housing

| | | |
|---|---|---|
| Suphaa fi mijaa'ina | • Jiraattonni waa'ee kiraa manaa fi bulchiinsa naannoo caalaatti beeku<br>• Bulchiinsi qabeenyaa fi kiraa fedhii jiraattotaaf deebii kenna | • Tarree barnoota suphaa fi manneenii<br>• Kireeffattoota haaraadhaaf kuusaa simannaa baga nagaan dhuftanii<br>• Deemsa-naannoo haala idilee<br>• Odeeffannoo mana jireenyaa salphisuu<br>• Sirna dhaabbii konkolaataa eegumsa cimaa qabu<br>• buqqisa konkoolaattota dhorkamanii<br>• Seera dhaabbii konkolaataa kabajuu fooyyessuu<br>• Kuusaa balfaa dhaabuu fi balfa balleessuu<br>• Konfiraansii mana jireenyaa fi kireeffattootaa<br>• Oodiitii nageenya hawaasaa<br>• Ibsaa fi nageenya fooyyessuu<br>• Gaaffilee suphaa muuxannoo digitalaawaa fooyyessuu |
| Qacarrii fi barnoota | • Jiraattotni hojii fi leenjii argachuudhaaf deeggarsa barbaadan karaa caala salphaa ta'een argachuu danda'u<br>• Jiraattotni naannoo isaanii keessatti hojii kaayyoo hojii isaaniitiin wal'simu argachuudhaaf carraa hojii baay'ee qabu | • Dureewwan qacarrii hirmaachisuu, qaajeelchuu fi adda baasuu<br>• Deeggarsa daldala xiqqaa fi Kalaqa hojii(Interpireenarshiippii)<br>• Karoora qacarrii ilaamame tokko baasuu fi hojii irra oolchuu<br>• Gahinsa qacarrii beeksisuu<br>• Kaka'umsoota qacarrii jiraattotaa deeggaruu<br>• Ijoolleen dargaggoo hojii akka argatan gargaaruu |
| Nageenya, fi fayyummaa | • Tajaajiloota gidduu qunnamtiin fooyya'aa ta'e ni jira<br>• Jiraattotnii fi tajaajilootni fedhiiwwan jiraattotaa guutuudhaaf waliin ta'uun hojjetu<br>• Jiraattotni tajaajila sirrii yeroo sirrii ta'etti argachuu danda'u | • Sagantaalee gahinsa fayyaa<br>• Sagantaa fayyaa sammuu<br>• Sochiiwwan fayyaa fi nageenyaa<br>• Kutaalee odeeffannoo fayyaa<br>• Deeggarsa namoota umuriin dulloomoo ta'aniif<br>• Daa'immaniif sagantaalee deeggarsaa dhiyeessuu<br>• Tajaajiloota naannoo qajeelchuu fi beeksisuu<br>• Haqa qabeessummaa tajaajilootaa<br>• Kaka'umsa fayyaa fi nageenya shamarranii<br>• Daakkitii bishaanii aadaan wal-simataa ta'e<br>• Fooramii nageenya hawaasaa<br>• Barnoota fi deeggarsa seeraa<br>• Gamtaa dargaggoo fi sagantaalee dargaggoo<br>• Gochoota mana barumsaa boodaa daa'immaniif<br>• Garee taphaa finnaa(daa'immanii)<br>• Deeggarsa maatiiwwaniif<br>• Woorkishooppiiwwan barnoota faayinaansii |

| | | |
|---|---|---|
| Qunnamtiiwwanii fi bakkeewwan hawaasaa | • Bakkeewwan waliinii faayidaalee jiraattotaatiif haalaan kan to'atamanidha<br>• Jiraattonni walitti dhufeenya hawaasummaa fi hawaasaa ijaaru, hawaasa cimaa uumu | • Gahinsa kutaa hawaasaa fooyyessu<br>• Fooyya'iinsa dhaabbilee hawaasaa<br>• Dirree tapha naannoo 120 Racecourse Road(Daandii Racecourse) fooyyessa<br>• Teessumaa alaa fi gaaddisa jalaa<br>• Garee kubbaa baaskeetii fooyyessuu<br>• Gamtaa dargaggoo<br>• Kalaqaa jiraattotaa deeggaruu<br>• Paarkiingii biskileetaa ol-kaawuu<br>• Aadaa danuu fi kennaawwan hawaasaa biroo beeksisuu<br>• Sagantaa kennaawwan hawaasaa PTWF<br>• Guyyoota kabajaa hawaasaa<br>• Himinsa seenaa guutuu dhalootaa<br>• Pirojeektii eegumsa Nyaataa<br>• Aartii Hawaasaa<br>• Neetoorkii garee hawaasaa<br>• Ba'iinsa hawaasaa<br>• Kutaalee bilcheesii nyaataa daa'immanii |

Waa'ee PTWF Flemington odeeffannoo dabalataa argachuudhaaf yookiin kallattii ilaaalcha karoora qabdanii irratti mari'achuudhaaf, maaloo <pavingthewayforwardNMF@dhhs.vic.gov.au> irratti garee PTWF'f iimeelii godhaa.

Sanada kana bifa biraatiin argachuudhaaf, <PavingTheWayForwardNMF@dhhs.vic.gov.au> irratti garee Paving the Way Forward'f imeelii ergaa.

Mootummaa Viiktooriyaa, 1 Treasury Place, Melbourne'dhaan eyyamamee kan maxxanfame.

Paving the Way Forward kaka'umsa Mootummaa Viiktooriyaa kan Maatiiwwan, Haqummaa fi Manneeniin deeggaramudha. Cohealth, North Melbourne Language and Learning(Afaanii fi Barnoota Kaaba Meelborn), Drummond Street, fi Mission Awustiraaliyaa.

© State of Victoria, Aawustiraaliyaa, Muummee Maatiiwwanii, Haqummaa fi Manneen, Onkoloolessa 2022.

ISBN 978-1-76130-042-4 (pdf/online/MS word)

Kaka'umsa Paving The Way Forward <https://www.dffh.vic.gov.au/paving-way-forward-initiative> irratti ni argama